OROMO

Caamsaa 27, 2009

Kabajamoota Warra Baratoota Maneen Barmoota Siyaatil Sabaa, Warra Maat'i tif Hojjatoota:

Tana dura dhukkubni Swine Influenza (Flu) jedhamu Kutaa Washington takkaa King Kawuntii keessatti dhagayamee hin-beekku. Haatayuu, dhukkubni Swine Flu jedhamu kun torbaan dabran kana biyya Amerik'a keessatti jiraatun himamee jira. Maneen Barmoota Siyaatil Sabaa damee mootum'a kut'a, biyyaa fi faya eegumsaa biyyaa waliin dhukkuba xinxaluu fi/takkaa dhukkubsataniif tooftaa lafa kaayatuu dhan yoo badiin kun nu dhaqabee ittisuu yaala.

Dhukkubni Swine Flu jedhamu yoo nama qabe oo'a qaamaa/nafaa/annaa, laagaa dhukkubu, qufa'u, qaamni/nafni/anni nama dhukkubuu, mataan nama dhukkubuu, qaxaxee fi dadhabii dha. Dhukkubni kun hama guyyaa torbaa turuun ni-mala, haatayuu nameen haala dhukkuba kanaa qaban nama iraa namatti dabarsuu dandayan. Isin takkaa ijoolen teesan akkeekka dhukkuba kana waan agarsiiftan/agarsiisan yoo taate, ilaalcha barbaachisu godhuu dhan yoo barbaachisaa taye oggeessa keessaniif takka faya eeydota mana barmootaa bilbilchuu dhan qunamaa.

Maneen Barmoota Siyaatil Sabaa wanni waraaf hojjatoota yaadachiisan dhukkuba uf-iraa ittisuu fi nagaya eegun barbaachisaa akka taye.

Dhukkubni Swine Flu kun Akka Hin-facaane waan Godhuu Dandeetan/Qabdan

- Yeroo haxifatan takkaa qufaatan waraqaa, ciqilee takkaa uffatan harkka keessatti/irrati godhaa. Waraqaa itti haxifatan gataa/darbaa.
- Harkka keessan bishaanif saamuna dhan dhiqadhaa, keesaafuu yoo waan qufaataniif haxifatan taye.
- Ija, funyaan, fi afaan keessan tuquu iraa uf-qusadhaa.
- Yoo dhukkubsatan manaa hin-bayinaa.

Yoo Dhukkubni Swine Flu isin Qabe

- Oo'a nafaa/qaamaa/annaa, qufa'u, dhukkubii laag'a, dhukkubii nafaa/qaamaa/annaa, dhukkubii mat'a, qaxaxee, dhadhabuu.

Haali asii gadii isaan irratti yoo mul'ate ijoolen mana ooluu qaban: (Oo'i nafaa/qaamaa/anna yoo digrii faranhaayit 100 takkaa sanii ol taye) haqisuu takkaa garaan baase/yaase, shiftoo bishaan godhate, funyaan ukkaamame, takkaa itti dedeebi'anii quf'an fi ijoolen teessan dhukkubni namati dabruu isaan irratti yoo argame mana oolchuu/ooluu qaban.

Gaafii yoo qabaatan King Kaawuntii Siyaatil Damee Eegumsa Fayaa Sabaa (206) 296-4949 ti bilbilchaa takkaa www.kingcounty.gov/health takkaa Web-saayitii Batala Ittisa/Tooyanaa Fay'a , www.cdc.gov. dhaqa'a laalaa

Dhugumaan,

Jill Lewis, RN MN
Itti Gaafatamtuu Sagant'a, Eegumsa Fayaa Baratootaa